# سُورَةُ فَاطِرٍ
# Suuraa Faaxir

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo suuran tun {suuratufaaxir} je'amti<br>*Isiin suuraa makkaati . | قبل كل شئ هذه هي سورة فاطر<br>وهي مكية |
| * Aayaanni isi'ii afurtamii shani {45 } | وآياتها خمس واربعون آية ( ٤٥ ) |
| *Isiin eega suraa furqaanii buute | نزلتبعد سورة الفرقان |
| *Lakkooysi isi'ii soddomii shani { 35 } | وترتيبها خمس وثلاثون ( ٣٥ ) |

* Jalqabni dubbii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii, — بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Faarun guutun ta Rabbiiti — ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ

*Rabbii dachi'ii samii uume ,kan wahayu-rrattin laallatin baasa baasee uume. — فَاطِرِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Kan malaaykaa uume, ergaa isaa godhe. Kan anbiyootafii, waan biraa kan fedhetti ergu , — جَاعِلِ ٱلْمَلَٰٓئِكَةِ رُسُلًا

*Malaaykaa goflaa {gobla, kooluu} hed-duu qabdu , — أُو۟لِىٓ أَجْنِحَةٍ

*Tan goflaa lama lama qabdu , — مَّثْنَىٰ

*Tan sadii sadii qabdu , — وَثُلَٰثَ

*Tan afur afur qabdu, — وَرُبَٰعَ

*Rabbiin uumaa rnalaaykaaa , yookaa wa-an biraa keessatti waan fedhe ida'a tanaaf jecha malaayka'arraa nama kooluu hedduu qabuutu jira, kan akka jibriil, kan goflaa dhibba jaha qabu, kan akka israafiil kan kooluu kum kudha lama qabu , — يَزِيدُ فِى ٱلْخَلْقِ مَا يَشَآءُ

I} *Rabbiin waan hundarratti dandaya. — إِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ قَدِيرٌ ﴿١﴾

*Waan Rabbin namaafkenne, namaa bane, — مَّا يَفْتَحِ ٱللَّهُ لِلنَّاسِ

*Rizqii addunya'aa aakhira'arraa kan akka roobaa, iimaanaa yookaa haala gaari'ii , — مِن رَّحْمَةٍ

فَلَا مُمْسِكَ لَهَا *Waan san namni namarraa qabee argatuu nama dhoowwu hin jim, hulaa kheyri'ii ta Rabbiin namaaf bane, namni na marraa cufuu dandayu hin jiru,

وَمَا يُمْسِكْ *Waan Rabbiin kheyrii addunya'aa aakhira'arraa namarraa qabe, nama dhoowwate,

فَلَا مُرْسِلَ لَهُۥ مِنۢ بَعْدِهِۦ *Namni namaaf ergu, namni waan inni

---

qabe, namaa gad dhiisu hin jim, eega Rabbiin namarraa qabee, rizqii inni namarraa qabe, rooba Rabbiin namarraa qabe namni namaaf fidu hin jiru wanni Rabbiin namaaf qoode, toltuu taatuu, hamtuu taatuu, tayuu hin ooltu. Wanni inni hin qoodin hin taatu,

وَهُوَ ٱلْعَزِيزُ *Rabbiin kan akka fedhetti dubbii isaa oofuu ,namni dura dhaabbatuu dandayu hin jiru .

ٱلْحَكِيمُ ﴿٢﴾ 2} *Inni kan waan malu malee jin dalayne , yoo namaaf kenne hikma'aafi,yoo dhowwate hikma'aafi,odoo nulleen wallaallee waa beeketi, Rabbiin bofa miila

---

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ *Yaa ilmaan aadam, yaa gabroota Rabbii,

ٱذْكُرُوا۟ نِعْمَتَ ٱللَّهِ عَلَيْكُمْ *Waan Rabbiin isiniin qananiise tan lakko-

oytanii fixuu,hin dandeenye,yaadadhaa qananii uuma'aa, qananii nyaataa dhugaati'ii, qananii fayya'aa, qananii hori'ii, i1maanii tan biraa hunda yaadadha'aa, nama isii isinii kenneef galata galchaa. galata isaaf gaIchuun, isaatu nuu kennee beekhanii, waan inni fedhuun dalaguu, waan inni dhoowwurraa fagaatuu, qananii ijaa, waan inni jaalatu malee, waan inni irraa dhoowwen hin laalin, qananii hundi akkasii, kan kana dalage Rabbii tokkichaa yaada'aa .

هَلْ مِنْ خَٰلِقٍ غَيْرُ ٱللَّهِ *Mee namni Rabbii tokkicha hin tayin kan waa uumu tokkolleen ni jiraa?,

يَرْزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ *Kan sarni'irraa isin razaqu, rooba roobsee.

وَٱلْأَرْضِ *Kan akkasuma dachi'irraa isin razaqu , waan jiraattaniin lafarraa isinii magarsee.? kan waa uumu,kan waa razaqu Rabbii tokkicha ,malee hin jiru

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ *Isa malee Rabbiin biraa hin jiru .

فَأَنَّىٰ تُؤْفَكُونَ ﴿٣﴾

3}*Eesatti amanuu diddanii tokkummaa isaa yaaduu dhiiftanii, garam irraa gara galtan, yookaa yaatan? odoo kan waa uumu ,kan waa razaqu, isa malee hin jiruu beeytanuu?

وَإِن يُكَذِّبُوكَ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad kuffaarri ummata keetii yoo waan ati dhufteen didee, si kijibsiise, maalif amanuu oolan jettee yaadan hin du'in, warreen ibiddaaf uumne, erga maa kiyya kijibsiisun, si qofatti hin argamnee.

فَقَدْ كُذِّبَتْ رُسُلٌ مِّن قَبْلِكَ

*Ergamoota kiyya hedduu si dura dabre ummanni isaanii kijibsiisee obsanii jiranii, atis hanga yaroon gargaarsi Rabbii sii dhufu , geessuu obsi, kun aada nama haqatti nama yaamutii .

وَإِلَى ٱللَّهِ تُرْجَعُ ٱلْأُمُورُ ﴿٤﴾

4} * Amriin ,yookaa dubbiin hundi aakhira'atti gara Rabbiiti deebitii, isin jiddu'utti firdii godhaa, duuba ergamoota gargaareti warra isaan kijibsiise qixaaxaa .

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّ وَعْدَ ٱللَّهِ حَقٌّ

*Yaa ilrnaan namaa, baallamni Rabbii kan qabri'ii,isin kaasetan isin gaafadha je'ee baallama seene, haqaa, ni dhufaa, dhugo'oomsaa.

فَلَا تَغُرَّنَّكُمُ ٱلْحَيَوٰةُ ٱلدُّنْيَا

* Jiruun addunya'aa, aakhiraa dhugo'oomsu'urraa, itti amanu'urraa, isin hin dhoowwin , isi'ii dalaguu malee ,aakhira'aa dalaguu dhiiftanii.

وَلَا يَغُرَّنَّكُم بِٱللَّهِ

*Sababaa Rabbiin obsa qabaatu'uutifii cubbu'urra namaaf dabru'uun beekkamu'uutin isin dagee isin hin gowwoomsin, Rabbiin isiniif araarama je'ee dilii itti fufu'utti isin hin ka asin isin hin mirqaansin,

ٱلْغَرُورُ ﴿٥﴾

5}*Sheyxaanni,rahgmanni Rabbii balaadhaa, araarama isaatitu dilii teessanirraa gudda'aa homaa hin sodaatinaa je'ee. ,

إِنَّ ٱلشَّيْطَٰنَ لَكُمْ عَدُوٌّ

*Sheyxaannii diina keessanii, waan sababaa keessaniin rahgmata Rabbirraa darbamee jannata dhabeef echaa ,xilaala keessan tayuu beekha'aa,

فَٱتَّخِذُوهُ عَدُوًّاۚ

*Isinis xilaatumma'aaf isa qabadhaa, waan inni je'u hin dhagayinaa, haala tokkottillee isa hin amaninaa,

إِنَّمَا يَدۡعُواْ حِزۡبَهُۥ

*Inni nama isa jala deeme, kan dubbii isaa dhagaye kufri'itti yaamaa,

لِيَكُونُواْ مِنۡ أَصۡحَٰبِ ٱلسَّعِيرِ ٦

6} * Akka warra akka isatti ibidda jabaa seenu tayaniif

ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ

*Warri Rabbitti kafare,moromu'uun takkaa waan biraa Rabbi godhatee gabbaru'uun .

لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدٞۖ

*Isaan azaaba jabaa, isaanii qophaaye aakira'atti qaban

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Warri Rabbitti amanee waan gaarii dalage tan Rabbiin jaalatu,

لَهُم مَّغۡفِرَةٞ وَأَجۡرٞ كَبِيرٌ ٧

7} *Isaan aakhira'atti araaramaafii sawaaba guddaa Rabbi biraa qaban.

أَفَمَن زُيِّنَ لَهُۥ سُوٓءُ عَمَلِهِۦ

*Si namni sheyxaanni dalagaa isaa bamtuu akka kufri'ii jallinaa, mazhhaba isaa badaa, mazhhaba ahlisunnati wal jamaakgaadhatiin wal dhabu itti babareecchee.

فَرَءَاهُ حَسَنٗاۖ

*Duuba yaada isaa badaa san haqa tayuu argee , waan mazhhaba isaa kan kufri`ii san malee jiru, jallinaa yaadee isa malee namni biraa kuffaaraa yaadu, kan akka orma qaadiyaaniyyootaa kan akka khawaarijiyyootaa, garii mukgtazila'aa, jarri akkasii sun, akka nama Rabbiin qajeelchee, haqa itti bareecheti tayaa? akka tokkoo ? akka tokkoo miti

فَإِنَّ ٱللَّهَ يُضِلُّ مَن يَشَآءُ

*Rabbiin nama fedhe jalliseeti haqa arguu dhoowwa,wanni gaarin hamtuu itti fakkaattee, hamtuun gaarii itti fakkaattee,

وَيَهۡدِي مَن يَشَآءُۖ

*Rabbiin nama fedhe ni qajeelcha iimaanafii, dalagaa gaarii isa qunnamsiisee haqa isaa ibsee, duuba kan jallate ,Rabbiitu qajeelloo isaa hin fedhinii,kan qajeele Rabbiitu jallatuu isaa hin fedhinii hundinuu, waan uumameef dalagaa, kan jannataaf uumame dalagaa warra jannataati dalaga. kan ibiddaaf uumame dalagaa warra ibiddaati dalagaa.

فَلَا تَذۡهَبۡ نَفۡسُكَ

*Lubbuun tee hin badin, . .

عَلَيۡهِمۡ

*Warra kufriin itti bareeffamee, haqa tayuu argan, sanii Jettee.

حَسَرَٰتٍۚ

*Maalif amanuu oolan jettee yaadan if hin ajjeesin,Rabbiitu qajeeluu isaanii hin fedhinii.

إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمُۢ بِمَا يَصۡنَعُونَ ٨

8} *Rabbiin waan isaan dalagan ni beekhaa, jazaa isaanii galchaa .

وَٱللَّهُ ٱلَّذِيٓ أَرۡسَلَ ٱلرِّيَٰحَ

*Rabbiin ibaadaa haqa godhatu, isa qilleensa ergee,

فَتُثِيرُ سَحَابٗا

*Duumessa kaasu,

فَسُقۡنَٰهُ

*Duuba duumessa san oofnee,

إِلَىٰ بَلَدٖ مَّيِّتٖ

*Gara biyya dheebottee goggoydee duutee oofne,

فَأَحۡيَيۡنَا بِهِ ٱلۡأَرۡضَ

*Duuba rooba saniin biyya duutee, waa magarsuu dhiifte san jiraachifnee, akka waa magarsitu goone.

بَعۡدَ مَوۡتِهَاۚ

*Eega duutee waa magarsuu dhiiftee.

كَذَٰلِكَ ٱلنُّشُورُ ٩

9}*Duuba qabri'ii nama kaasanii jiraachisuunis, akkasii beekhaa , maalif dachiin goggoydee bishaan itti yaasee jiraattee, magarsite, akka qaama namaa , kan biyyee taye kan ruuhin itti ergamtee jiraateti biyye'eefii qaamni akka tokko biyyee lafaa bishaantu jiraachisa biyyee qaama ruuhi'iitu jiraachisa, jarri lachuu haala duritti deebi'a . dachiin waa magarsu'utti deebiti. Namni waa dalagu'utti deebi'a jiruun dachi'ii, tan isi'iin maltu . sun magarsu'uu, jiruun namaatis tan isaan maltu. sun akka duritti deebi'ee dubbatee dalagu'uu

مَن كَانَ يُرِيدُ ٱلۡعِزَّةَ

*Namni addunya'aafii aakhira'atti guddatuu fedhu,Rabbi biraa haa barbaaduu , karaa Rabbiitin haa barbaaduu .

فَلِلَّهِ ٱلۡعِزَّةُ جَمِيعًاۚ

*Guddinni hundi, kan Rabbiitii, wanni argamuun karaa Rabbiitii ,

إِلَيۡهِ يَصۡعَدُ ٱلۡكَلِمُ ٱلطَّيِّبُ

* Jechii gaarin gara Rabbiiti ol fuudhama Rabbiin ni beekha, ni qeebala jechuudha jechi gaarin {Iaa ilaaha illalIaahu} jechu'uu.qur'aana qara'uu, salaatukgalannabii buusuu, du'aa'ii zikrii godhuu .

وَٱلۡعَمَلُ ٱلصَّٰلِحُ يَرۡفَعُهُۥۚ

*Rabbiin dalagaa gaarii akka salaataa, soomanaa, waan kana fakkaatu ni qeebala

وَٱلَّذِينَ يَمۡكُرُونَ ٱلسَّيِّـَٔاتِ

*Warri islaama balleesu'uufmala hamaa baasu akka kuffaarri makkaa, gaafa dura

nabi Muhammad islaaman isaanitti dhufu,galma mari'ii keessatti wal gayanii, diin islaamaa kana yoo Muhammadii isa fide kanatti mala dhoyne malee, dura dhaabbatuu hin dandeenyuu, akkam haa goonuu je'ee, wal mariyatetti , kan gariin isaa nii haa hiinuu akka biyya keessa deemee. diin hin barsiifne, kan gariin isaanii haa if keessa baafnuu je'e, kan gariin isaanii haa ajjeefnuu je'e, duuba sheyxaanni suuraa jaarsa biyya najdiitin itti dhufee akki je'e maIIi gaarin ajjeessu'uu, Muhammad ajjeessaa je'eenii, ajjeessu'urratti waIii galan. islaama ajjeessu'uu jecha,

لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدٞۖ
* Jara saniif azaabajaba'aatu jiran

وَمَكۡرُ أُوْلَٰٓئِكَ هُوَ يَبُورُ ١٠
**10}** *Malli badaan jarri sun baase bakkan gayuu, ni dhabama, akkuma kuffaara makkaa san jalaa Rabbiin nabi muhammad najaa baase,nama mu'minaa kan biraatis Rabbiin hamtuu kuffaaraa jalaa nagaya baasee islaama tiysa {yabuur} jechuun: ni badaa jechu'u

وَٱللَّهُ خَلَقَكُم مِّن تُرَابٖ ثُمَّ مِن نُّطۡفَةٖ
*Rabbiin dandeytii isaatin biyyeerraa isin uurne.abbaa keessan aadam biyye'erraa uumee isin bishaan nyaata biyye'erra dhufurraa Rabbiin isin uumee , hundi biyye'etti deebi'a jechu {nuxfaa } jechuun bishaan qoma dhala'aatifii , dudda dhiirarraa bayu jechu'.

ثُمَّ جَعَلَكُمۡ أَزۡوَٰجٗاۚ
*Eegasii gosa hedduu isin godhe dhala'aa dhiira is in godhee ,

وَمَا تَحۡمِلُ مِنۡ أُنثَىٰ
*Dhalaan gara'atti waan ba'atu .

وَلَا تَضَعُ
*lImoo hin dhaltu ,

إِلَّا بِعِلۡمِهِۦۚ
*Beekkomsa Rabbiitin malee hoggaa isiin gara'aa qabdu, hoggaa isiin dhaltu, ammaallee tarkaanfii ilrnoon garaa haadhaa keessatti fudhatte, guyyaa garaa isi'ii seenterraa hanga dhaltutti Rabbiin beekhaa waa takka isarraa hin dhokhatu .

وَمَا يُعَمَّرُ مِن مُّعَمَّرٖ
*Nama umriin isaa dheeratte, umrii isaatti waa ida'amanii hin dheeranne.

وَلَا يُنقَصُ مِنۡ عُمُرِهِۦٓ
*Ammallee nama umriin isaa dheertu'uu umrii isarraa waa ir'atanii umriin isaa hin gabaabbanne ,

إِلَّا فِي كِتَٰبٍۚ
*Yoo waan katabamee dabre taate malee

lawhgulmahgfuuz keessatti.Rabbiin lowhgulmahgfuuz keessatti nama hundaaf umrii lama katabe, umriin takka ta biran dabarre,tan ida'amne takka, ta ida'amtu,fakkeessa'aaf: wanni lawhgulmahgfuuz keessatti katabame ,nama kana umriin isaa yoo Rabbi ibaadee Rabbi khadhate, bara dhibba yoo Rabbitti dilaaye, bara saddeettama jechuu. lachuu umrii namichaati, haa tayuu umriin takka ,sun dhibbaa, ibaada'aafii du'aa'iidh atti rarraafamte, tuun ibaadaa dhabu'utti rarraafamte, lachuu firdii Rabbiiti, haa tayuu firdiin duraa firdii muramtuu kan bira dabruun hin taane sun dhibbaa, ammoo tuun firdii rarraafamtuu tan du'aa'ii fa'aan rahgima maxanfatuu fa'aan jalaa bay an, sun saddeettamaa. takkaa makgnaan isaa umriin nama tokkoo ida'amtee dhibba guutun kan kaanii sanii gad tayuun, waan katabamee dabre jechu' ,

إِنَّ ذَٰلِكَ — *Umrii katabuun nama tokko urnrii isaa dheeressee, dulloornsee, kaan umrii isaa ir'isee, sanii gaditti ajjeessun,

عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٌ ١١ — **11}** * Rabbirratti laafaa waan itti jabaatuu miti Rabbiin umrii namaatifii rizqi'ii, dalagaa isaa.warra jannataatimoo warra azaabatii katabeeti, kaayee, wanni sanirraa maqu hin jim.

وَمَا يَسۡتَوِي ٱلۡبَحۡرَانِ — *Baharri lama {baharaafii lagaa} wal qixaa miti,

هَٰذَا عَذۡبٞ فُرَاتٞ — *Kan kun bishaan isaa mi'aaya'aa,

سَآئِغٞ شَرَابُهُۥ — *Kan akkaan dhugaatin isaa toltu,

وَهَٰذَا مِلۡحٌ — *Kan kun bishaan isaa soogiddaa {ashabo'oo}.

أُجَاجٞۖ — *Kan soogiddi isaa heddoaatuu keessa, hoggaadhugan laagaa nama gubu,

وَمِن كُلّٖ تَأۡكُلُونَ — *Bishaan lamaanirraa ni nyaattan,

لَحۡمٗا طَرِيّٗا — *Foon jiidhaa sun qurxui'iifii bineensa bahar hunaa.

وَتَسۡتَخۡرِجُونَ — *Kan bishaan baharirraa baafattan, takaayuu isaan lamaanirraa baafattan,

حِلۡيَةٗ تَلۡبَسُونَهَاۖ — *Faaya uffattan, sun lu'lu'aafii murjaanaa,

وَتَرَى ٱلۡفُلۡكَ — *Safiinaa yookaa markaba, doonii **ni** garta,

فِيهِ مَوَاخِرَ — *Tan bahara baqaysitee gamaa gamana keessa deemtu .

| | |
|---|---|
| لِتَبۡتَغُواْ مِن فَضۡلِهِۦ | *Rizqii Rabbii naggadaan,barbaadaf, safiinaa saniin mceshaa gurguraa, biyya takkarraa, biyya takka geeffattanii |
| وَلَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ١٢ | 12} * Akka Rabbii keessaniif galata galchitaniif, waan san hundarratti |
| يُولِجُ ٱلَّيۡلَ فِي ٱلنَّهَارِ | *Rabbiin dandeytii isaatin halkan guyyaa keessa seensisa, saa'aa halkanirraa guya'atti ida'ee guyyaa dheeressa . |
| وَيُولِجُ ٱلنَّهَارَ فِي ٱلَّيۡلِ | *Guyyaa halkan keessa seensisa,saa'aa guyya'arraa halkanitti ida'ee, halkan dheeressee |
| وَسَخَّرَ ٱلشَّمۡسَ وَٱلۡقَمَرَ | *Rabbiin kan adu'uufii ji'a dantaa gabrootan isaatifisaan laaffisee dalaysiise. |
| كُلّٞ يَجۡرِي | * Adu'uufii jiini,karaa isaan lamaanif godhame keessa deeman . |
| لِأَجَلٖ مُّسَمّٗىۚ | *Hanga waytii beekkamtu'utti, numa dalagan numa yaa'an, waytiin beekkamtuun guyyaa qiyaama'aati achitti dalagaa isaanii fixan. |
| ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمۡ | *Kan waan dubbanne san hunda uume, Rabbii keessani |
| لَهُ ٱلۡمُلۡكُۚ | *Mootummaan hundi tan isaati qabeenyi waan hundaa kan isaati . |
| وَٱلَّذِينَ تَدۡعُونَ مِن دُونِهِۦ | *Wanni isin Rabbii achitti ibaaddan asnaamni, dhagaan ,jinniin , namni |
| مَا يَمۡلِكُونَ مِن قِطۡمِيرٍ ١٣ إِن | 13} *Faaydaa hanga quncee khillee timiraa takka hin qaban . |
| تَدۡعُوهُمۡ لَا يَسۡمَعُواْ دُعَآءَكُمۡ | *Yoo yaamtan yaaminsa keessan hin dhagayan. |
| وَلَوۡ سَمِعُواْ | *Yoo bajii dhagayan . |
| مَا ٱسۡتَجَابُواْ لَكُمۡۖ | *Isin jalaa hin owwaatan waan feetan isinii fidanii waan jibbitan isinirraa dee bisanii . isinii waan taran |
| وَيَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ يَكۡفُرُونَ بِشِرۡكِكُمۡۚ | *Guyyaa qiyaarna'aa wanni isin ibaaddan sun ,isin isaan Rabbitti qindeessuu, kanatti , ni kafaran, isin nun ibaanne je'aniiti isiniifii ibaadaa teessanirraa qulqullaayanii rnoroman . |

| | |
|---|---|
| *Haala addunya'aa aakhira'aa namni sii odeessu hin jiru . | وَلَا يُنَبِّئُكَ |
| 14}*Akka nama isa beekhutti namni haala addunya'aa aakhira'aa beekhu Rabbii isaan uume . | مِثْلُ خَبِيرٍ ١٤ |
| *Yaa ilmaan aadam,isin gara Rabbii .isin uumee, haajamoodha hogguma takka isarraa hin duroomtan .mee eenyu maatu qilleensa Rabbirraa.waa xiqquma durooma ? . | ۞يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ أَنتُمُ ٱلْفُقَرَآءُ إِلَى ٱللَّهِ |
| *Rabbiin isa dureessi dhuga'aa kan waa takkatti hin haajamne Rabbiin , waan uume .itti haajamee, hin uumne namni Rabbiin waan akkanatti haajama je'e kaafira. | وَٱللَّهُ هُوَ ٱلْغَنِيُّ |
| 15} *Rabbiin kan waan uume hundarratti faarfamu | ٱلْحَمِيدُ ١٥ |
| *Rabbiin waa takka isinitti hin haajamu, tanaaf jecha yoo fedhe isin deemsiseeti isin dhabamsiiseti. | إِن يَشَأْ يُذْهِبْكُمْ |
| 16} *Khalqii uumama biraa kan isin hin tayin fida, bakka teessan . | وَيَأْتِ بِخَلْقٍ جَدِيدٍ ١٦ |
| 17}*Sun Rabbirratti hin jabaatu, yookaa namni waan sanirraa isa dhoowwu hin Jlru | وَمَا ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ بِعَزِيزٍ ١٧ |
| *Lubbuun nama tokkoo hin qabamtu, | وَلَا تَزِرُ |
| *Tan di!ii qabdu hin ba'attu. | وَازِرَةٌ |
| *Dilii nama biraatif hin qabamtu, lubbuun cubbuu qabdu cubbuu nama biraa hin ba'attu, isi'ii jettee hin qixaaxamtu, | وِزْرَ أُخْرَىٰ |
| *Yoo yaamte , | وَإِن تَدْعُ |
| *Lubbuun dilooytun diliin itti ulfaattee yoo nama tokko yaamtee,dilii narraa ba'adhu na gargaari jetteen. | مُثْقَلَةٌ إِلَىٰ حِمْلِهَا |
| *Waa takka irraa hin ba'atamu, | لَا يُحْمَلْ مِنْهُ شَيْءٌ |
| *Odoo namni inni yaammate sun aanaa isallee tayee kan akka abba'aa,ilmaa, walirraa hin ba'atan . | وَلَوْ كَانَ ذَا قُرْبَىٰٓ |

إِنَّمَا تُنذِرُ ٱلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُم بِٱلْغَيْبِ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad namni ati qur'aana kanaan sodaachiftu warra Rabbii isaanii fago'otti kan argin sodaatu, kanneen azaaba isaa kan aakhira'aa sodaatan.

وَأَقَامُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ

*Kanneen salaata guutanii salaatan .

وَمَن تَزَكَّىٰ

*Namni haala hamaa hundarraa if qulqulleyse, if xahaarse.

فَإِنَّمَا يَتَزَكَّىٰ لِنَفْسِهِۦ

*Lubbuu ifiitif if xahaarse waan faaydan if qulqulleessuu sanii, faaydan dili'irraa if xahaarsu'uu isaaf deebituu jecha.

وَإِلَى ٱللَّهِ ٱلْمَصِيرُ ﴿١٨﴾

18} *Deebin waa hundaa gara Rabbiiti.

وَمَا يَسْتَوِى ٱلْأَعْمَىٰ وَٱلْبَصِيرُ ﴿١٩﴾

19}*Balla'aafii namni waa argu wal qixaa miti, ballaan yookaa jaaman kaafira,namni waa argu mu'rnina, nama Rabbi dhugo'oornsu.kaafirri akka nama waan garreetii, mu'minni akka nama waa arguutii wal qixaa miti .

وَلَا ٱلظُّلُمَٰتُ وَلَا ٱلنُّورُ ﴿٢٠﴾

20} *Dukkanaafii ifninis wal qixaa miti, dukkanti kufri'ii, ifni iimaanaa.

وَلَا ٱلظِّلُّ وَلَا ٱلْحَرُورُ ﴿٢١﴾

21} *Gaaddisaafii, ow'i aduu jabdu'uu, wal qixaa miti ,gaaddifni jannataa, ow'i ibidda azaabati .

وَمَا يَسْتَوِى ٱلْأَحْيَآءُ وَلَا ٱلْأَمْوَٰتُ

*Warri jiruufii warri dhume wal qixaa miti warri jiru rnu'rnintoota, warri du'e kuffaara.

إِنَّ ٱللَّهَ يُسْمِعُ مَن يَشَآءُ

*Rabbiin nama qajeelchuu fedhe, gorsa dhageessisa. duuba ni amana.

وَمَآ أَنتَ بِمُسْمِعٍ مَّن فِى ٱلْقُبُورِ ﴿٢٢﴾

22}*Ati nama du'ee qabriijiru { kuffaarri akka nama du'ee qabrii jiruutii} akkuma namni du'ee qabrii jiru ,qur'aana hin dhageenye,kaafirrinis qalbiin isaa duutu'uu, qur'aana hin dhageenye, tanaaf jecha yoo yaaminsa kee dhagayuu didan, hin yaaddawin

إِنْ أَنتَ إِلَّا نَذِيرٌ ﴿٢٣﴾

23} Ati waan biraatii mitii, nama kuffaara sodaachisee ,qixaaxa warra kafaree itti himee ,akka amanan godhuu

إِنَّآ أَرْسَلْنَٰكَ بِٱلْحَقِّ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad nuti haqaan si ergine.diin dhuga'aatin si ergine

بَشِيرًا

*Sii nama diinaa kana dhagayee qabate . jannataan garnrnachiisu .

وَنَذِيرًاۚ *Sii nama diinaa kana qeebaluu dide azaaban sodaachisu ,

وَإِن مِّنۡ أُمَّةٍ *Ummatuma tayee, haa tayuu kan isin duraa,

إِلَّا خَلَا فِيهَا نَذِيرٞ ٢٤ **24}** *Ergamaan Rabbii tokko kan ibidda azaabaa isaan sodaachisu itti dhufuun oolle.duuba shari'aan isaa hanga inni jiru deemteti, hoggaa inni du'e dhumtii, namni du'a isaatifii ergaa nabiyyii biraa jidduu jiru warra jannataati, kan akka haadhaa abbaa nabii

وَإِن يُكَذِّبُوكَ *Ummanni kee yoo si kijibsiise, diin kee qeebaluu didan hin yaaddawin,

فَقَدۡ كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ *Warri isaan duraa ergamoota isaanii kijibsiisanii jiranii.

جَآءَتۡهُمۡ رُسُلُهُم بِٱلۡبَيِّنَٰتِ *Kan ergamoonni isaanii,mukgjizaa mul'attu'uun itti dhufan ,

وَبِٱلزُّبُرِ * Akkasuma kitaaba xixiqqa aan itti dhufan

---

kan akka suhgufa ibraahiirn inni {30} kan akka suhgufa muusa'aa kan tawraat duraa inni {10} kan akka suhgufa shiis inni {60} walii galli suhgufaa dhibba, walii galli kitaabban sami'ii bu'ee dhibbaafii afuri, isaan tawraatifii, injiiIii, zabuurii qur'aana.

وَبِٱلۡكِتَٰبِ ٱلۡمُنِيرِ ٢٥ 25}*Akkasuma anbiyoonni si duraa, warra si dura dabretti, kitaabban karaa haqaa ibsuun dhufan kan akka kitaaba {towraat } je'amuu, kan nabi muusa'arratti bu'e eega {sguhufaatii} ammas kan akka {injiiI} kan nabi iisa'arratti bu'e. kan akka {zabuur} kan nabi daawwuudirratti bu'e, duuba sanumaan wajji urnmanni isaanii isaan khijibsiisee, obsanii atis obsi .

ثُمَّ أَخَذۡتُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۖ *Duuba warra anbiyoota kijibsiisee kafare san, qabee fuudhee ibidda qixaaxatti darbee , lafarraa fixe, orma si khijibsiises akkasan godhaa eegi yoo badi'irraa deebi'uu baatan .

فَكَيۡفَ كَانَ نَكِيرِ ٢٦ **26}***Akkasitti waan kuffaarri dalage harkatti didee isaan fixuun kiyya haqaa rnitii? qixaaxa bakka argate, jechu'u

أَلَمۡ تَرَ أَنَّ ٱللَّهَ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ *Akka Rabbiin rooba sami'ii buuse hin agarre,hin beynee? bishaan sami'ii buusun qudraa yookaa humna Rabbii, dandeytii isaati nama garsiisa.

فَأَخۡرَجۡنَا بِهِۦ ثَمَرَٰتٖ *Duuba bishaan saniin midhaan hedduu baafne, gosa hedduu,

مُخۡتَلِفًا أَلۡوَٰنُهَا *Kan bifti isaa, diiminaafii, gurraachomi-

naan, addeenyafii daalacchumma'aan, akkasuma dhandhamaan adda addaa kan bishaanurna tokkoon, biyyee takkitti'irraa mayru, kunis waan raga dand-eytii Rabbii namaaf tayu ,

وَمِنَ ٱلۡجِبَالِ جُدَدُۢ *Gaarotii Rabbiin uumerraa karootii yoo-kaa karaa hedduu garta,

بِيضٞ وَحُمۡرٞ *Kan tokko adi'ii, kuun diima'aa,

مُّخۡتَلِفٌ أَلۡوَٰنُهَا *Kan bifti isaa wal dhabdu . ,

وَغَرَابِيبُ سُودٞ ﴿٢٧﴾ 27} * Ammallee gaara gurraacha garta kan

bifa takkittii malee bifti biraa keessan jirre, takkaa dhagaa gurraacha ,akkaan guraachaa jechu'u. {Gharaabiib} jechuun: kan akkaan gurr aachaa jechuu, duuba Rabbiin gaaruma tokkichaaf bifa hedduu godhuun, dhaguma tokkich-aaf, akkuma rnidhaanitti bifa adda addaa godh uun, waan dandeytii Rabbii beekkomsa isaa nu garsiisu,

وَمِنَ ٱلنَّاسِ *Rabbiin namaafii,

وَٱلدَّوَآبِّ *Waan lubbuu qabu kan lafarra deemufii

وَٱلۡأَنۡعَٰمِ *beyladaadharraa ,gaalafii ,loonifii ri'eefii, hoolaadharraa uumee jira,

مُخۡتَلِفٌ أَلۡوَٰنُهُۥ كَذَٰلِكَۗ *Waan bifti wal dhabdu akkuma bifti`ii }

mukaatifii, midhaan isaa, ammallee bifti gaaraa wal dhabdu, odoo bish aan waa irraa uumaman tokko tayuu, bishaan namaa tayuu, kan hori'ii tayuu, kun hundinuu waan nama gad qabee laalee, beekhe, karaa Rabbii waan san uumee qajeelchu,

إِنَّمَا يَخۡشَى ٱللَّهَ مِنۡ عِبَادِهِ ٱلۡعُلَمَٰٓؤُاْۗ *Namni Rabbi sodaatu nama waa beekhu,

nama waan beynee mitii, namni waan Rabbiin uume, laalee, waan rabbiin je-'een akka inni je'etti dalage beekhaa je'arnaa, isumaatu Rabbi sodaata, ammoo namni waan Rabbiin uume laalee iimanni isaa hin jabaatin kan waan Rabbiin je'een karaa ergamaa isaatin akka Rabbiin je'etti hin dalagin, inni wallaalaa je'amaa, nama Rabbi sodaatuu miti ibaad an isalleen hin qeebalamtu ,

إِنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ *Rabbijn waan dubbanne uume numa jaba'

غَفُورٌ ﴿٢٨﴾ 28} *Inni kan mu'minaafaraaramu ,

إِنَّ ٱلَّذِينَ يَتۡلُونَ كِتَٰبَ ٱللَّهِ *Warri kitaaba Rabbii, qur'aana qara'u,

وَأَقَامُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ
*Kanneen salaata dhaaban, yookaa salaatan,

وَأَنفَقُوا۟ مِمَّا رَزَقْنَٰهُمْ
*Kanneen waan nuti isaanii kenninerraa sadaqaa kennatan,

سِرًّا
*Dirree baasuu baatanii dhoysa'aan kennatan,

وَعَلَانِيَةً
*Ammallee dirree baasanii ,kennatan, zakkaa tayuu waan biraa tayuu,

يَرْجُونَ تِجَٰرَةً لَّن تَبُورَ ﴿٢٩﴾
29} *Kan dalagaa isaanitiin nagada yookaa daldala khasaaraa hin qabne nagadatuu kajeelan, yookaa fedhan.

لِيُوَفِّيَهُمْ أُجُورَهُمْ
*Akka Rabbiin sawaaba dahaa isaanii kennuuf,

وَيَزِيدَهُم مِّن فَضْلِهِۦٓ
*Akka sanirratti ida'ee ,waan isaan dalaga'aan haqan godhanne, if biraa nuu kennuuf dalagan jarri sun warra miiki'iiti kan waan fedhe argatu,

إِنَّهُۥ غَفُورٌ شَكُورٌ ﴿٣٠﴾
30} *Rabbiin kan dilii mu'minaafaraaramee galata isanif godhu yookaa kennu .

وَٱلَّذِىٓ أَوْحَيْنَآ إِلَيْكَ مِنَ ٱلْكِتَٰبِ
*Wanni nuti qur'aanarraa siratti buufne, takkaa si bariifne,

هُوَ ٱلْحَقُّ
*Isaatu haqa, dhuga',

مُصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَيْهِ
*Isaa kitaabban isa dura buarne dhugo'oomsu, kan akka towraat, kan akka injiii, kan akka zabuur,

إِنَّ ٱللَّهَ بِعِبَادِهِۦ لَخَبِيرٌۢ بَصِيرٌ ﴿٣١﴾
**31}** *Rabbiin kan gabroottan isaa beekhee argu,kan haala isaanii keessafii, gubballee, beekhu, kan waa takka haala isaanirraa isarraa hin dhokhanne .

ثُمَّ أَوْرَثْنَا ٱلْكِتَٰبَ
*Eegasii kitaaba qur'aanaa kenninee jirra, yookaa dhaalchifnee jirra.

ٱلَّذِينَ ٱصْطَفَيْنَا مِنْ عِبَادِنَا
*Warra gabroottan keenyarraa filannee qunnaqamsiifne, isaan ummata keetii, isaanif qur'aana kennuun,takkaa isaan kitaaba dhaalun, waan isa keessa jiruun qajeelu'u, itti dalagu'u, duuba ummanni nabii kan kitaaba qur'aanaa dhaale sun, bakka sadiyiiti qoodama,

فَمِنْهُمْ ظَالِمٌ لِّنَفْسِهِۦ
*Isaanirraa nama quraanatti dalaguu dhiisee ifmiidhetu

| | |
|---|---|
| وَمِنۡهُم مُّقۡتَصِدٞ | *Ammas isaanirraa nama yawn irra gud-do'oo, waan qur'aanni je'utti dalaguutu jira. kan gaarin isaa hamtuu isaa injifatte, |
| وَمِنۡهُمۡ سَابِقُۢ بِٱلۡخَيۡرَٰتِ | * Amrnas isaanirraa nama kheyrii keessa dabree akkaan dalaguutu jira kan hamtuun isarraa hin argamne, |
| بِإِذۡنِ ٱللَّهِۚ | *Fedhii Rabbiitin, |
| ذَٰلِكَ | *Kitaaba qur'aanaa kana, ummata Muha-mmad dhaalchisuun, saniin ummata birarra caalchisuun . |
| هُوَ ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ٣٢ | 32} *Kennaa Rabbii, badhaasa isaa guddaa |
| جَنَّٰتُ عَدۡنٖ يَدۡخُلُونَهَا | *Wanni Rabbiin kennuuf 'jannata teessu-maa, kan isaan seenan . |
| يُحَلَّوۡنَ فِيهَا | *Kan jannata san keessatti uffatan, faa-yatan, |
| مِنۡ أَسَاوِرَ | *Girja,khilkilIee, girmaduu , gurnee |
| مِن ذَهَبٖ وَلُؤۡلُؤٗاۖ | *Ziqiyarraa tolfamte, lu'lu'aan wajji, |
| وَلِبَاسُهُمۡ فِيهَا حَرِيرٞ ٣٣ | 33}*lannata keessatti uffanni isaanii hariira |
| وَقَالُواْ | *Wanni isaan hoggaa jannata seenan, je'an, |
| ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ ٱلَّذِيٓ أَذۡهَبَ عَنَّا ٱلۡحَزَنَۖ | *Faarun, galanni kan Rabbii , waan nu ya- |

achisu, nu rifachiisu, hunda nurraa deemsise {hazana} jechuun: waan nama yaachisu kan akka hiyyumma'aa, sodaatu'uu, kan akka du'aa, takkaa cinqii qiyaama'aa, ibidda azaabaa fa'aa,waan kana hunda eega jannata seenanii hin arganii,

| | |
|---|---|
| إِنَّ رَبَّنَا لَغَفُورٞ | *Rabbiin keenya kan namaaf araaramuu |
| شَكُورٌ ٣٤ | 34}*Ammallee kan waan dalaganirratti sa-waaba yookaa galata namaa kennu . |
| ٱلَّذِيٓ أَحَلَّنَا دَارَ ٱلۡمُقَامَةِ | *Kan mana teessumaa nu seensise yookaa nu qubsiise |
| مِن فَضۡلِهِۦ | * Arjummaa isaatin . |
| لَا يَمَسُّنَا فِيهَا نَصَبٞ | *Kan rakkoon, cinqiin, jannata keessatti nun tuyn'e , |

| | |
|---|---|
| وَلَا يَمَسُّنَا فِيهَا لُغُوبٌ ﴿٣٥﴾ | 35}*Kan isa keessatti dadhabbiin nun tuyn'e |
| وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَهُمۡ نَارُ جَهَنَّمَ | *Warri Rabbitti kafare,ibidda jahannamtu isaanif qophaayee jira . kan aakhirara'atti itti gubatan . |
| لَا يُقۡضَىٰ عَلَيۡهِمۡ فَيَمُوتُواْ | *Duuti isaanitti muramtee hin du'an akka laalaa ibiddaa jalaa najaa bayan . |
| وَلَا يُخَفَّفُ عَنۡهُم مِّنۡ عَذَابِهَا | *Azaabni ibiddaa isaanirraa hin laaffifamu, hanga liphii ijaa takka irraan citu , jechu' . |
| كَذَٰلِكَ | * Akka Orma kanarraa kafalletti . |
| نَجۡزِي كُلَّ كَفُورٖ ﴿٣٦﴾ | 36}*Nama Rabbitti kafare hundarraa kafalla , takkaa kaafira hunda qixaan'a. |
| وَهُمۡ يَصۡطَرِخُونَ فِيهَا | *Warri ibiddaa sun, ibidda keessaa iyyanii dirmachuu barbaadan,wanni isaan je'an |
| رَبَّنَآ أَخۡرِجۡنَا | *Yaa Rabbii keenya ibidda jahannam kanarraa ,nu baasii ,addunya'atti nu deebisi |
| نَعۡمَلۡ صَٰلِحًا | *Waan gaarii dalaynaa . |
| غَيۡرَ ٱلَّذِي كُنَّا نَعۡمَلُۚ | *isa dalaguu turree mitii bakka kafaruu |

amannaa,bakka waan ibidda nu seensisuu,waan jannata nu seensisu, dalaynaa je'an, sheena'aatu akkana isaan jechisiise.duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'een .

| | |
|---|---|
| أَوَلَمۡ نُعَمِّرۡكُم | *Si nuti addunyaa keessa isin hin jiraa chifhee?, |
| مَّا | *Waytii yookaa yaroo , dheertuu |
| يَتَذَكَّرُ فِيهِ مَن تَذَكَّرَ | *Waytii namni gorfamee , waan aakhira'aa yaadatuu fedhu,silaa yaadatu, isin hin jiraachifnee ? |
| وَجَآءَكُمُ ٱلنَّذِيرُۖ | *Ergamaan kiyya isinitti dhufee ,amanuu diddanii ,yookaa dubbii isaa dhagayuu diddanii, |
| فَذُوقُواْ | * Azaaba ibiddaa dhandhamaa, , |
| فَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِن نَّصِيرٍ ﴿٣٧﴾ | 37}*Kuffaarri nama isaanii dirmatee azaabajalaa isaan baasu hin qabanii. |
| إِنَّ ٱللَّهَ عَٰلِمُ | *Rabbiin kan akkaan beekhu . |

غَيۡبِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ
*Waan sami'iifii dachii keessatti namarraa fagaate ,yookaa dhokhate beekhu

إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٣٨
38} *Rabbiin waan garaa namaa keessa jiru beekha duuba Rabbiin san beekhu waan biraa maal haa tayu .

هُوَ ٱلَّذِي جَعَلَكُمۡ خَلَٰٓئِفَ فِي ٱلۡأَرۡضِۚ
*Rabbiin isa hoggaa garii keessan deemsise, garii keessan bakka isaa fidu

فَمَن كَفَرَ فَعَلَيۡهِ كُفۡرُهُۥۖ
*Namni isinirraa kafare kufriin isaa isumarratti dhaabbatti isaatu itti qixaaxarna, nama biraatii mitii. diliin kufrii isaa isumarratti gabaabbatti .

وَلَا يَزِيدُ ٱلۡكَٰفِرِينَ كُفۡرُهُمۡ عِندَ رَبِّهِمۡ
*Kuffaaraf kufriin, isaanii waan biraa hin ida'u Rabbii isaanii biratti .

إِلَّا مَقۡتٗاۖ
*Rahmata Rabbirraa fagaatuu malee

وَلَا يَزِيدُ ٱلۡكَٰفِرِينَ كُفۡرُهُمۡ
*Kuffaaraf, Rabbi moromuun isaanii, waan biraa isaanii hin ida'u .

إِلَّا خَسَارٗا ٣٩
39} *Addunya'aa aakhira'atti khasaara muu malee, yookaa baduu malee waan biraa hin ida'atan .

قُلۡ أَرَءَيۡتُمۡ شُرَكَآءَكُمُ
*Mee haala shurakaa'ota keessanirraa naa odeessaa .

ٱلَّذِينَ تَدۡعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ
*Kanneen Rabbii achitti Rabbii godhattanii ibaaddan yookaa gabbartan, asnaama taabota Rabbitti qixxeessitanii, shariika Rabbiitii yaaddan, mee waan isaan Rabbummaa takkaa ibaadaa haqa godhataniin naa odeessaa. nama waa uumutu Rabbi je'amaa, isaantu waa uuma'aafibaaddanii?,

أَرُونِي مَاذَا خَلَقُواْ مِنَ ٱلۡأَرۡضِ
*Mee dachii tanarraa waan isaan uuman na garsiisaa, takkaa naa odeessaa.

أَمۡ لَهُمۡ شِرۡكٞ فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ
*Takkaa Rabbitti ida' amaniiti sam ii Rabbi wajjiin uumanii ? tanaaf gabbartanii ? isaan waa takka kophaa hin uumne Rabbiin wajjillee hin uumnc .

أَمۡ ءَاتَيۡنَٰهُمۡ كِتَٰبٗا
*Takkaa waan isaan shariika Rabbiiti je'aniif kitaaba kenninee? kan isaan shariika Rabbiiti je'u .

فَهُمۡ عَلَىٰ بَيِّنَتٖ مِّنۡهُۚ
*Kan isaan kitaaba sanirraa raga itti qaban?

waa takka waan sadeen kanarraa hin jiru, isaan kophaa waan uumne,Rabbi gargaaranii waan uumne, kitaabni isaan shariika Rabbiiti je'u isaanirratti hin buune,

بَلْ إِن يَعِدُ ٱلظَّٰلِمُونَ بَعْضُهُم بَعْضًا
*Wanni gariin kuffaaraa garii isaanii abdachiisu, waan biraatii mitii ,

إِلَّا غُرُورًا ﴿٤٠﴾
40}*kijiba. waan hinjirre. wanni isaan wal

abdachiisan sanamni guyyaa boruu nu shafa'ajechu' . sun kijiba namni guyyaa boruu waa shafa'u warra Rabbiin irraa jaalatu, sanamni isaan Rabbii isaan uume dhiisanii gabbaran jaalala Rabbii hin argatuu, guyyaa boru inni qoraan ibidda warra isa ibaadu gubuuti taya.

۞ إِنَّ ٱللَّهَ يُمْسِكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ أَن تَزُولَا
*Rabbiin dachi'ii samii dandeytii isaatin, deemu'urraa yookaa kufu'urraa dhoowwa .

وَلَئِن زَالَتَآ
*Yoonif kufte yookaa deemte .

إِنْ أَمْسَكَهُمَا مِنْ أَحَدٍ مِّنۢ بَعْدِهِۦٓ
*Namni isa malee isaan qabubu hinjiru kan

yon samiin bakka isi'irraa deemte kan yoo dachiin bakka isi'irraa deemte qabee deemuu dhoowwu hin jiru isaan larnaan dandeytii Rabbiitin dhaabbatanii Rabbii achitti namni isii qabuu dandayu hin jiru ,

إِنَّهُۥ كَانَ حَلِيمًا
*Rabbiin kan obsa qabu,kan qixaaxan kuffaaratti hin jarjarre .

غَفُورًا ﴿٤١﴾
41}*Kan nama isaanirraa gara isaa deebi'ee kufrii dhiisef araaramu,

وَأَقْسَمُوا۟ بِٱللَّهِ
*Kuffaarri maqaa Rabbiitin khakhate,

جَهْدَ أَيْمَٰنِهِمْ
*Khakhuu jabduu wanni isaan irratti kakatan,

لَئِن جَآءَهُمْ نَذِيرٌ
*Yoo ergamaan Rabbii tokko isaanitti ergamee, isaan qajeelchu'uu itti dhufe,

لَّيَكُونُنَّ أَهْدَىٰ مِنْ إِحْدَى ٱلْأُمَمِ
*Warra ummata hundarra qajeele taanafii

akka ummanni dabre nabiyyii isaanii kij ibsiisetti hin kij ibsiifuu je'anii kakatan, wanni isaan akkatti kakataniifyahuuda'aafii nasgaaran, anbiyoota isaanii kijibsiisanii jiran jechaa dhagayan, dhageenyan nama isaanir raa yahuuda'aafii nasgaara'arraa nabiyyii isaanii kijibsiise abaaranii yookaa arrabsanii nuti odoo nabiyyiin, akka i1maan israa'iilitti ergamutti nutti ergamee hin kijibsiifnuu qeeballeti jala deemnaje'anii kanarratti kakatan,akkana jechuun isaanii nuti nabiyyii kijibsiisuu dhabuu keessatti yahuuda'aafii nasgaara'arra, ammallee ummatuma anbiyoota kijibsiise hundarra qajeella, yookaa caalla jechu' .yookaa fagaatu malee waan biraa isaanii hin idaane.

فَلَمَّا جَآءَهُمْ نَذِيرٌ
*Duuba hoggaa rasuulli isaan jala deemna je'anii kakatan itti dhufe inni nabi Muhammadii ,

مَّا زَادَهُمْ إِلَّا نُفُورًا ﴿٤٢﴾
**42}** *Dhufuun isaa haqarraa dheysuu

ٱسْتِكْبَارًا فِى ٱلْأَرْضِ
*Haqa malee if guddisu'uu jecha, iimaaarraa dheysan, yookaa fagaatan,

وَمَكْرَ ٱلسَّيِّئِ
*Sababaa dalagaa hamtuu dalaganiif jecha

wanni hamtuun isaan dalagan nabi Muhammad miidhu'uuf jecha tattaafata godhu, takkaa hidhanii takkaa biyyaa baasanii takkaa ajjeessanii nama amane miidhanii islaarna dhaamsu'uu jecha,duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e :

وَلَا يَحِيقُ ٱلْمَكْرُ ٱلسَّيِّئُ إِلَّا بِأَهْلِهِۦ
*Malli hamaan namatti yaadan , yoo namni

itti yaadan haqan godhatin abbuma mala hamaa san yaadetti deebi'a. balaan inni namatti yaade isumatti buuti, akka meymaakni je'u: {obboleessa keetii boollan qotin, qottu gad hin fageessin itti dhayxu hin beytuu} .

فَهَلْ يَنظُرُونَ
*Si jarri ergamaa kiyya kijibsiisee .harntuu itti yaade sun, waan biraa wahi eega nil,

إِلَّا سُنَّتَ ٱلْأَوَّلِينَ
*Sunnaa yookaa aadaa Rabbii ta warra duritti dalaguu ture isaanitti dalaguu yoo taate malee, sun hoggaa isaan ergamaa isaanii kijibsiisan lafarraa isaan fixu'uu,

فَلَن تَجِدَ لِسُنَّتِ ٱللَّهِ تَبْدِيلًا
*Aadan Rabbii nama ergamoota kijibsiise qixaaxu'u malee waan biratti irraan jiru

وَلَن تَجِدَ لِسُنَّتِ ٱللَّهِ تَحْوِيلًا ﴿٤٣﴾
**43}** * Ammas aadan Rabbii nama waa balleesserraa qixaan'i isaa kaanitti kan jirjiiramuu hin gartu, nama azaaba haqa godhate malee, kaanitti hin dabru .

أَوَلَمْ يَسِيرُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ
*Si ormi kuffaaraa sun biyya lafaa keessa deemanii,

فَيَنظُرُوا۟
*Hin laalanii ,

كَيْفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ
* Akka boodden warra ergamoota Rabbii kijibsiisee dhabama taate araddaa isaanii, ona isaan irraa dhuman hin laalanii,akka Rabbitti kafaraniiti, dhumanii, beekhanii kufri'irraa deebi'an sodaatanii ,

وَكَانُوٓا۟ أَشَدَّ مِنْهُمْ قُوَّةً
* Jarri anbiyyoota kijibsiisee badan sun

warra makkaa kan nabi Muhammad kijibsiiserra,qaamafii, hori'iifii, joollee qabaatu'uufii,umrii dheeratu'ulle'een jajjabo'oo,duuba sanumaan wajji isaan fixee isin daranii beekaa ,

وَمَا كَانَ ٱللَّهُ لِيُعْجِزَهُۥ مِن شَيْءٍ
*Rabbiin kan wanni takkalleen isa dadhabsiiftu hin taane,

فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَلَا فِي ٱلْأَرْضِ
*Sami'iifii dachii keessatti,

إِنَّهُۥ كَانَ عَلِيمًا
*Rabbiin kan waa hunda beekhu,

قَدِيرًا ﴿٤٤﴾
**44}** *Kan waa hundarratti irree qabu.

وَلَوْ يُؤَاخِذُ ٱللَّهُ ٱلنَّاسَ بِمَا كَسَبُوا۟
*Odoo Rabbiin dilii namni dalaguuf kan nama qabu, yookaa nama qixaaxu tayee

مَا تَرَكَ عَلَىٰ ظَهْرِهَا مِن دَآبَّةٍ
*Silaa waa takka waan dachii tanarra yaatu lafarratti hin dhiisuu, daddafeeti lafarraa isaan fixaa.

وَلَٰكِن يُؤَخِّرُهُمْ إِلَىٰٓ أَجَلٍ مُّسَمًّى
*Haa tayuu isaan qixaaxuu, hanga waytii beekkamtuu yookaa maqaa dhawarntetti booda aansa sun guyyaa qiyaama'aatii,

فَإِذَا جَآءَ أَجَلُهُمْ
*Duuba waytiin isaanii qabamte hoggaa isaanitti dhufte takkaa itti dhafan Rabbiin isaan qixaaxaa haa beekanii

فَإِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِعِبَادِهِۦ بَصِيرًۢا ﴿٤٥﴾
45}*Rabbiin kan waan gabroonni isaa dalagu hunda beekhuu waan isaan dalaganirraa isaan gaafatee, mu'minaa galata galchee kaafira qixaaxa .